**OPUCC** **NYMFD**

## Bilisummaa, Walabummaa fi Dimokiraasiin Ammas ni mo'ata!

***Waamicha Kora Qindeessaa Warraaqsa Ummata Oromoo (KQWUO)***

***fi Sochii Biyyoolessaa Dargaggootaa Bilisummaa fi Dimokrasii(Qeerroo)***

Warraaqsi Oromiyaa keessatti mandi'uuf jiru itti fufa FDG barootta kurnaan darbee ti. Wareegama, hidhaa, ajjeechaa fi ukkaamsaa , samicha, lafa irraa buqqa'uu fi walumaa gala gabrummaa waggootii dhibbaa ol darban ummta Oromoo irra gahe xumura itti gochuuf sochiin warraaqsaa sadarkaa ol aanaa dha. Sochii Warraaqsa salphina ummatni Oromoo waggootii dhibbaa fi soddomaa ol keessa seenee gaddaa fi gadadoon gabrummaa jala badada bahetti gudunfaa itti gochuuf warraaqsa gaggeeffamu waan taheef haqa qabeessaa fi milkiin kan isaaf malu dha. Dhiigni ilmaan Oromoo dhangala'aa bahe ammaan booda dhangala'uun akka dhaabbatuu, imimmaan roobsamaa bahe as irratti akka iggitamuuf, samichi ija dunuunfatee Oromiyaa fi Oromoo irratti diriifame akka dacha'uuf sochii maayyii warraaqsa ummtaa karaa nagaan godhamuun xumura itti gochuuf kan gaggeefamu dha. Warraqsonni fakkaatoon kan akka Tunisia, Egypt fi biyyoota Giddu-galeessa Bahaatti godhaman kanneen finciloota dargaagotni Oromoo godhaa bahan booda kan biqilan dha. FDG fi sochiin Qeeroo akkasumas qabsoon ummatni keenya godhaa bahan itti baha fakkaataa akka warraaqsota kanneenii tu isaaf mala.

Haalli keessa jirru yeroo itti dimokirasii fi sagaleen ummataa bulchiinsa abbaa irrootaa fi sirna cunqursaa siyaasaa isaan gaggeessan irratti ol-aantummaa argate tahuu mirkaneesse. Kanaaf, hidhaa, ajjeechaa fi ukkaamsaa , samicha, lafa irraa buqqa'uu fi walumaa gala gabrummaa waggootii dhibbaa fi sodomaa darban ummata Oromoo irra gahe xumura itti gochuuf sochii warraaqsaa sadarkaa ol aanaa kanaaf ummatni Oromoo naqiisaan, dargaaggotni Oromoo ammoo addatti, iyyii iyya dabarsii jechuun ka'anii sochii nagaan mirga Ummata Oromoo kabachiisuu akka godhan Korri Qindeessaa Warraaqsa Ummta Oromoo (KQWUO) fi Sochiin Dargaggoota Biyyoolessaa Bilisummaa fi Dimokrasii (QEERROO) waamicha isaanii sagalee guddaan labsu; lallabu.

Nuti ilmaan Oromoo murna hawaasaa adda addaa irraa utubamnee fi dargaggootni Oromoo saboota miidhaa fi bittaa jala jirru maraa fi walumaagala ummatoota Itoophiyaa hundaafis tahe hawaasa addunyaatti warraaqsaa nagaa gaggeessuuf socho'uu keenya kunoo ifatti labsineerra.

E-Mail: biiftuubilisummaa@yahoo.com E-Mail: qeerroo2011@gmail.com

Seenaa wareegama bilsummaa fi dimokrasiif waggotaa dheeraaf murna hawaasaa hundaan fi qabsaawotaan taasisameef kabajaa fi bakka guddaa kennaa nutis wareegama bilisummaa, walabummaa fi dimokraasiif baafamaa as gahe injifatnoo itti gochuu fi xumrua cululuqaa irraan gahuuf murteeffanne. Ummatni Oromoo fi ummatootnii Itophiyaa keessaas yaamicha keenya dhagahanii, miidhaa, cunqursaa fi gabrummaa of irraa dhabamsiisanii, bilisummaa, walabummaa fi sirna dimokiraasii haqaa dhugoomsatanii biyya isaanii keessa kabajaan jiraachuuf guca bilisummaa bakka hundatti qabsiisuudhaan qalbii fi onnee guutuun akka nu waliin hiriiran guddisnee abdanna.

**Sababootni gurguddoon warraaqsa kanaaf nu kakaasan cuunfaatti:**

1. Maqaa Investment tiin saamicha lafa badiyyaa fi magaalaalee Oromiyaa, addatti immoo kan Naannawa Finfinnee, ummata qe'eerraa buqqisuun, qabeenya umamaa Oromiyaa (albuudota qaqqaalii lafa jalaa keessumattuu warqee) saamuu fi mancaasuun addatti waggota 20 darban sadarkaa yaaddessaa irra waan gaheef ;
2. Gaaffileen ummtni Oromoo Oromiyaa guutuu fi addatti ammoo barattootni Oromoo yunivaristiilee adda addaa fi manneen barumsa sadarkaa lammaaffaa waggotii 20 darban keessatti gaafataa turaniif deebiin kenname yeroo hundumaa ajjeechaa, hidhaa, ukkaamsaa fi darara qofa waan taheef;
3. Keessumattuu dhihoo kana barattootni Yuniversitii Finfinnee, Qonnaan bultoonni Naannawa Finfinnee gandoota akka Galaan Guddoo, Qaallittii fi Waajituu, akkasumas barattootni Yunivaristii Adaamaa, Yunivaristii Wallaggaa fi Yuniversiitii Hara Maayaa keessaa baratan gaaffii mirgaa kan dhiheessan yoo tahu, qaama gaaffiin kun itti dhihaate irraa deebiin waan dhabamee fi gaaffiin isaanii kun ammoo gaaffii sirrii fi kan ummanni Oromoo marti bakka jiruu itti birmachuu qabu ta'uu hubachuun;
4. Ummanni Oromoo yeroo kamiiyyuu caalaa waggootii 20 darban mana hidhaatti guuramaa akka jiru yaada keessa galchuun duulli kun hatattamaan akka dhaabbatuu fi rakkoo siyaasaa jiruuf mootummaan nagaan gaaffii mirga hiree murteeffannaa ummata Oromoof fi ummatootaa akka deebisuu fi duula shorerkeessummaa ummata Oromoo irratti labse akka kaasu warraaquun barbaachisaa waan taheef;
5. Barattootni yunivaristii fi kooleejota adda addaarraa eebbifaman imaammata mootummaan aangoo irra jiru hordofu, kan ummata Oromoo isa barate irratti loogii/discriminatory/ godhu irraa kan ka'e hojii dhabanii, ofiin hojii uummachuufis haalli waan him mijjaawiniif abdiin jireenya isaanii egeree itti dukkanaawaa jiraachuun yaaddessaa waan taheef;
6. Labsiin lafa Sirna Liizii jala galchuuf dhiyeenya kana ummatatti labsame, kan ummanni gaarii fi hamaa isaa irratti hin mari'atinii fi abbummaa ummatootni biyyattii lafaa fi qabeenya uumamaarratti qaban guutummaatti kan sarbu waan ta'eef;
7. Yeroo ammaa kana "galiin hundi dursa Hidha Abbaayif" jedhameera! Amma misooma biraa gaggeessuun shororkeessuummaa irraa adda bahee hin ilaalamu!! Kanaan wal qabatee "Boondii" fi buusii Hidha Abbaayif sababa jedhuun buusiin maallaqaa haala

humna uummataa hin madaalleen ummatarratti fe'amaa jiru samicha ija baase waan taheef;

8. Sirna gabaa namoota muraasan hogganamu, kan bittaa fi gurgurtaan monopolii namoota gartuu mootummaa aangoo irraa jiruutiin qabame irraa kan ka'e ***qaala'iinsi jireenyaa*** har'a sadarkaa hadhaawaa fi kan jiraachuu irraa abdii nama kutachiisu tahuun haqa dirree jiru waan taheef;
9. Hundee Qabsoo ummata Oromoo kan ta'e Waldaan Maccaa-Tuulamaa wajjiirri isaa cufamuun, hogganootni isaa hidhaatti guuramuun fi sochiin isaa ugguramuun duula ummta Oromoo irratti labsame keessaa tokko tahuun waan hin haalamneef;
10. Sochiin Dargaggootaa Biyyoolessaa Bilisummaa fi Dimokrasiif (Qeerroo) gaaffii karaa nagaan dhiheesseef deebiin kenname, barnootaa irraa arihatamuu, gidirfamuu, ajjeefamuu fi biyya isaanii irrattii fii warra isanaii duratti akka bineensaa adamfamuu qofa waan taaheef;
11. Sababa "*bajatni projektootaaf ramadame waan qisaasameef, malaanmaltummaa qulqulleessina*" jedhun yeroo ammaa kana Naanno Oromiyaatti Porojektoonni misoomaa hundi sochii isaanii akka dhaaban taasifameera. Hojjattootni mootummaa naannoo Oromiyaa yeroo ammaa kana leenjii siyaasaa Sivil Sarvisiitiin ji'a ji'aan leenji'uu fi walga'ii waa'ee "*Shororkeessummaa fi malaanmaltummaa akkamitti balleessinee nageenya mirkaneeffannaa??*" jedhuun torbee torbeen gaggeeffamuun alatti hojii bulchiinsa uummataa fi misooma biyyaa irraa akka fagaatan godhameera. Mootummaan miseensota OPDO irraa amantaa waan dhabdeef, Naannoo Oromiyaatti hojiin Caasaa Bulchiinsaa gutummaan guututti damee tikaa gartuu Mallas Zeenawiitiin akka gaggeeffamu ta'eera. Haalli kun suuta suutan Caasaa Bulchiinsa Mootummaa Oromiyaa diigudhaan Bulchiinsa abbaa hirrummaa, kan nama tokkoon hoogganamu, jala galchuuf adeemsa deemamaa jiru ta'uun ifa gala waan dhufeef;
12. Walumaagalatti, hidhaa, ajjeechaa, hojiirraa ari'atamuu, lafa ofii irraa buqa'uu, mana baruumsaa irraa ari'atamuu fi dararamni gara-jabinaa Oromiyaa guututti waggoota dheeraaf raawwatamaa jiru hatattamaan dhaabbatuu qaba.

**Waan taheef:**

1. ***Mootummichi dhugaa ummata biyyattii keessaa ukkaamsuuf jecha duula humna waraanaa waggaa 20f Oromiyaa fi bakkoota adda addaatti itti jiru, tarkaanfii waraanumaa fi lolaa saboota bittaa cunqursaa jalatti barootaaf kufanii jiran irraan geessisaa jiru akka dhaabu, mirga hiree murteeffannaa ummatootaaf deebii sirnaa akka kennu jedhna.***
2. ***Hidhamtootni siyaasaa hundi haal-duree tokko malee daddaffiin akka hiikaman; Manni hidhaa Qorannaa Giddu-Galeessaa ykn 'Maikelawi' jedhamu kan lubbuun dhala namaa keessatti gatii dhabsiisame, kan dhalli namaa keessatti dararamu, reebichaan qaamaa hir'ifamu, akka beeyiladaatti keessatti gorra'amuuf itti yaadamee ijaarame, akkasittis hanga har'aa lubbuun lammii biyyaa kumaatamaan keessatti***

E-Mail: biiftuubilisummaa@yahoo.com E-Mail: qeerroo2011@gmail.com

*galaafatamee fi galaafatamaas jiru haa cufamuu, giddu-galeessi diina lubbuu dhala namaa tahe kun daddaffiin haa diigamu jedhna*

3. ***Duullii fi labsi hidhaa, ajjeechaa, ukkaamsaa hojii irraa arihatamuu, akkasumas hiraarfamuu ummta Oromoo irrattis tahee lammiillee kaan irratti walumaagalatti waggootii 20 darban gaggeeffamaa jiru akka hatattamana dhaabbatu.***

4. ***Imaammatni dinagdee deega hamtuu ummata irraan geessisaa jiruu fi gatiin bittaa fi gurgurtaa gabaa to'annoon ala bifa saamichaan gaggeessamaa jiru akka daddaaffiin sirratu, oolee osoo hin bulin nagadni monopolii gartuu mootummaa akka diigamu.***
5. ***Imaammatni deegsaan ummta Oromoo fi ummtoota kaanis lafa irraa buqqisu kan maqaa investimentiin gaggeeffamu daddaffiin akka irraa dhaabbatamu, albuudni qaqqaaliin Oromiyaa bakkoota adda addaa irraa qotamee guuramaa jiruu fi qotuuf karoorfatamaa jiru hatattamaan akka dhaabbatu, wal tahiinsi idil-addunyaa gurgurtaa lafaa fi qabeenyaa ummataa irratti xiyyeeffate akka fashaluu fi diigamu jedhna***
6. ***Biyyi Itoophiyaa jedhamtu kun waggoota digdamman dabran karaa siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdee deega caalaa hammaate keessa seentee waan jirtuu fi kanaafis gaafatamaa kan tahan Muummichi Ministeeraa Mallas Zenawi aangoo irraa bu'anii, waajjira akka gadi lakkisan barbaadna.***
7. ***Filmaatni biyyattii keessatti gaggeessame jedhamee waggoottan darban lallabbamaa bahe qaanfachiisaa tahuutti dabalee, addunyaa ittiin gowwoomsuuf xapha siyaasaa raawwatame tahuun ifatti waan mul'atuuf golli qaama paarlmaa biyyattii lamaan daddaffiin akka diigaman,***
8. ***Sirna haqaa fi dimokiraasii dhugaa biyyattii keessatti dhugoomsuuf mootummaan yeroo cehumsaa dhaabota sochii bilisummaa gaggeessaa jiran, jaarmota mormitoota siyaasaa adda addaa kanneen dhugumatti mirga ummataa fi dimokraasiif nagaan deebii kennuuf waadaa seenan kan hammate akka dhaabbatu gaafatana.***

**MAYII IRRATTI:**

**Dhaabbilee Siyaasaa Ummata Oromoo maraaf:**
Gaaffileen kunneen gaaffii mirgaa kan ummanni Oromoo hundi garaagarummaa siyaasaa malee tokkummaa dhaan itti hirmaatuu qabu ta'uu dhaammachaa, miseensota OPDO dabalatee dhaabbileen Siyaasaa maqaa Oromotin jiran marti Sochii ummataa kana akka tumsan waamicha keenya dabarsinaaf.

**Dhaabbilee mormitootaa warra biroo fi Ummattoota biyyattii keessa jiratan maraaf:**
Sirni Mallas Zeenaawii akkuma amala isaa yeroo ummanni Oromoo mirga isaaf falmatu sabootni biroo qabsoo isaa ija shakkiitiin laalanii akka dura dhaabbatan; qabsoon ummata

Oromoon taasifamu kan saboota biroo miidhu fakkeessanii ummattoota wal irratti kakaasuuf carraaqqii hiriyaa hin qabne gochaa jiru waan ta'eef;

**Dhaabbileen mormitoota siyaasa biyyattii hundi:**

1. Sababni ummanni Oromoo qabsaa'uuf rakkoo mootummaan irraan ga'e of irraa dhaabuuf malee rakkoo saboota gidduu hammeessuuf akka hin taanee, akkasumas, rakkoowwan akka waliigalaatti mootummaan kun biyyaatti irraan ga'ee fi sabni hunduu ittin miidhamaa jiru dhabamsiisuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, sabootni biyyaattii hundi akka wal tumsanii WARRAAQSA godhan hubachiisuu fi
2. Galma ga'hiinsi qabsoo Ummata Oromoo kan ummattoota Itiyophiyaa mara fayyadamaa taasisu akka ta'e ummata isaanii hubachiisuudhaan WARRAAQSA Ummata Oromoo kana akka tumsan waamicha dabarsinaaf!

Walumaagalatti hundeen rakkoowwan ka'anii sirna siyaasaa "*anatu siif beeka*" jedhuun ummatarratti diriiree jiru ta'uu hubachudhaan rakkoo kana hundeen furuuf sirna Mallas Zeenaawii aangoo irraa fonqolchuuf WARRAAQSA UMMATAA gaggeessun fala filmaata biraa hin qabne ta'eera. Kanaafuu, ummanni Oromoo gabrummaa bara dheeraaf baachaa jiru "gahe" jedhee of irraa darbuuf **Amajjii 22, 2012** irraa qabee, **WARRAAQSA itti-gala QBO** milkeessu kana akka gaggeessu waamicha keenya sagalee ol kaafnee dabarsina!!!

***Bilisummaan Ummata Oromoo fi Walabummaan Oromiyaa***

***WARRAAQSA ummata Oromootin galma ni gaha!***

***Amajjii, 2012***

**KQWUO fi SDBBD (QEERROO)**